BARNOOTA AFAAN OROMOO
KITAABA BARATAA
KUTAA 4FFAA

Qopheessitoonni:

Kaffaalee Kabbadaa Guutamaa (BA)

Masarat Badhaadhaa (MA)

Roobaa Gadaa Hee'ii (MA)

Gulaaltonnii

Abdulqaadir Huseen Gishee (MA)

Tashoomaa Qanaasaa Tolosaa (MA)

Madaaltuun:

Yewubdaar Ayyaaleew (MA)

Qindeessaa:

Roobii Waamii (MA)

Giraafiksii: Kolleejjii Pooliteeknikaa Inxooxoo

BIIROO BARNOOTAA BULCHIINSA MAGAALAA FINFINNEE

2014/2021

Finfinnee

BOQONNAA AFUR: KOORNIYAA

Kaayyoo: Xumura Boqonnaa Kanaatti:

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuuf siif dhiyaate calaqqee nikennita.
- Waa'ee afee/dubbisa dhiyaatee nidubbista.
- Waa'ee afee/ dubbisa dhiyaatee odeeffannoo murtaa'aa nibarreessita.
- Yaadrimee keeyyataa ni'ibsita.
- Jechoota ergisaa adda baasuun itti fayyadamta.
- Gochimoota seerluga keessatti itti gargaaramta.

Barannoo Sadi: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1

Dubbisa dhiyaate osoo hindhaggeeffatiin dura gaaffilee armaan gadiitti kennaman afaaniin deebisi.

1. Mana keessanitti gaheen hojii dhiiraafi dubartii jedhamuun qoqqoodame jiraa? yoo jirata ta'e walitti himaa?
2. Ati hojii akkamii hojjechuun maatii kee garagaarta?
3. Matadureefi fakkii dhiyaate irraa ka'uun dubbisicha dhaggeeffachuuf deemtu irraa maalan baradha jettee yaadda?

Gilgaala 2

Gaaffilee kanaa gadii dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'ii deebisi!

1. Biqiltuun akkuma hirribaa kaateen hojiin ishee jalqabaa maali?

A. biqiltuu bishaan obaasuu C. ittoo hojjechuu

B. eelee o'iftee biddeena tolchuu

2. Hojiin ittoo hojjechuu gahee eenyuuti?

A. Dachaasaa C. afi b

B. Biqiltuu

3. Biqiltuufi Dachaasaan ganamaan hojii isaanii erga xumuranii booda maal raawwatu?

A. fuula dhiqatu C. bishaan waraabu

B. maatii dammaqsu

4. Biqiltuufi Dachaasaan meeshaalee itti fayyadamaa turan walgargaaranii dhiqanii kaa'u.

A. Dhugaa B. Soba

5. Dachaasaafi Biqiltuun erga irbaata nyaatanii booda maal hojjetu?

A. nirafu C. niqayyabatu

B. hoj-manee hojjetu D. bfic

6. Ergaan walii gala dubbisa kanaa maali?

A. ittoo hojjechuu C. buna danfisuu

B. walqixxummaa dhiiraafi dubaraa

Gilgaala 3

Haala fakkeenya siif kennameetiin walitti firoomsi!

Deebii tokkoo ol ta'uu nidanda'a.

Fakeenya: Ilkaan rigachuu

Daa'ima kunuunsuu

Ittoo hojjechuu

Irbaata qopheessuu

A	B
1. bishaan	A/ tolchuu
2. fuula	B/ waraabuu
3.buna	C/ dhiqachuu
4. biddeena	D/ akaa'uu
5. qullubbii	E/ dhiquu
6. eelee	F/ mummuruu
7. mana barumsaa	G/ o'isuu
8. hirribaa	H/ deemuu
9. ciree	I/ uffachuu
10.meeshaalee	J/ ka'uu
11.uffata	k/ nyaachuu

Barannoo Lama: Dubbachuu

Gilgaala 4

Falmii Gaggeeessuu

Fakkeenya barattoota lamaan armaan gadii ilaaluun mata duree isiniif dhiyaate keessaa tokko filachuun afaaniin falmii gaggeessi.

1. Hojii mana keessaa hojjechuun gahee dhiiraa moo gahee dubartiiti?

2. Daa'ima kunuunsuun gahee dubaraa moo kan dhiiraati?

Fakkeenya armaan gadii ilaaluun falmii gaggeessaa

Haadha moo Abbaatu caala

Barataa Galaanaa

Kabajamoo Dura taa'aa!

Kabajamtoota Abbootii seeraa!

Kabajamtoota Dhaggeeffattootaa

Har'a yaada "Haadhatu abbaa caala" jedhu falmuf carraa argachuu kootiif gammachuu guddaatuu natti dhagahama.

Jireenya mana keessaa keessatti haati, maatii ifaajjiin ifaajeen isheen taasiftu waan akka salphaatti ilaalamu miti. fakkeenyaaf, daa'ima kunuunsuu guddisuu, biddeena tolchuu, ittoo hojjechuu, buna danfisuu uffata miiccuufi kkf gochuun maatii jiraachisuu keessatti abbaa caalaa haati barbaachiftuu ta'uu ishee waan shakkisiisu miti. Kanaafuu, abbaarra haadhatu caala.

Barattuu Hawwii

Kabajamoo Dura taa'aa!

Kabajamtoota Abbootii seeraa!

Kabajamtoota Dhaggeeffattootaa

Har'a yaada "Abbaatuu haadha caala" jedhu falmuuf carraa argachuu kootiif gammachuu guddaatu natti dhagahama.

Abbaan maatii gaggeessuufi wantoota barbaachisee dhiyeessa jiraachisuu keessatti gahee guddaa kan qabuudha. Miseensota maatii hunda ija tokkoon ilaalaa haala walqixa ta'een kan gaggeessuudha. Fakkeenyaaf, gabaa deemuun uffata , kophee, dabtara ,qalama kkf bituun ijoolleen isaa baratanii iddoo gaarii akka gahaniif shoora guddaa kan taphatuudha. Kanaafuu, haadharra abbaatu caala.

Yaadannoo

Qajeelfama falmii: Falmii yemmuu gaggeessitu qabxiilee armaan gadii qalbeeffadhu.

- Yaadaan malee namaan akka hintaane beeki.
- Lolaafi jibbaan akka hintaane ofeeggadhu.
- Moo'uudhaaf ragaa si barbaachisu qabadhu.
- Yeroo siif kennametti fayyadami.
- Walii loogii malee murtiin kennamuu qaba.
- Yaada garee biraa obsaan dhaggeeffadhu.
- Walkabajuun barbaachisaadha.

Barannoo Sadi: Dubbisuufi Barreessuu

Gilgaala 5

Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhiyaate osoo hin dubbisin qabxiilee armaan gadiirratti mari'adhaa.

1. Fakkii armaan gadiirraa maal hubatta?

2. Hojiin dhiiraafi dubartii maal ta'uu qaba jettee yaadda?

Gilgaala 6

Dubbisa dubbisaa bakka duwwaa armaan gadii guuti.

1. Koorniyaa addaaddummaa ilaalcha hawaasni_____ fi _____f qabuudha.

2. Hojii dhiiraafi dubartii jechuun qoqqooduun _____ hawaasaa hordofa.

3. Biyyoota _____ hojii dhiirri hojjetu biyya keenyatti immoo hojii dubartii ta'uu nidanda'a ta'a.

4. Guddinni biyya tokko hirmaannaa _____ malee fiixa bahuu hindanda'u.

Koorniyaa

Koorniyaan addaa addummaa ilaalcha hawaasni dhiiraafi dubartii jidduu jiruu qabuudha. Kana jechuun koorniyaan fedhiifi haala naannawaatiin kan murtaa'uudha. Hojii dhiiraafi dubartii jechuun qoqqooduun barsiifata hawaasaa hordofa. kunis, haala saayinsawaa yookiin uumama irratti kan bu'ureeffame miti jechuudha.

Gaheen koorniyaa lamaaniif qoodaman hundi isaanii aadaa hawaasa keessa jiran irratti hundaa'aniiti. Gaheen kunis bakkaa bakkattiifi sabaa sabatti garaagarummaa kan agarsiisaniifis kanumaafi. Fakkeenyaaf, biyyoota Awurooppaatti hojii dhiirri hojjatu biyya keenyatti immoo, hojii dubartii ta'uu nidanda'a ta'a. Akkuma beekamu biyya keenya keessatti nyaata qopheessuun, huccuu miiccuun, mana qulqulleessuufi daa'ima kunuunsuun hojii dubartiiti jedhama. Qoqqooddiin akkanaa walqixxummaa dhiiraafi dubartii haala. Kaka'umsa dubartoonni hojii misoomaaf qaban nixiqqeessa; gahee isaan guddina biyyaafi naannawaa keessatti qabanis nidadhabsiisa. Haala kanaan hojii mana keessaa qofatti akka daanga'an taasisa.

Haata'u malee, guddinni biyya tokkoo hirmaannaa dubartootaa malee fiixaan bahuu hindanda'u. kanaafuu, barsiifanni walqixxummaa dhiiraafi dubartootaa hinmul'isne kaka'umsa namoota hundaatiin hafuu qaba. Dubartoonnis mirga isaanitiif qabsaa'uu qabu.

Walumaagalatti, hawaasni ilaalchawwan dogoggoraa “Hojiin kun kan dhiiraati; kun immoo kan dubartiiti” jedhu dhiisee walgargaaree hojjachuu kun immoo kan dubartiiti” jedhu dhiisee walgargaaree hojjachuu qaba. Isaan kana immoo, hawaasa hubachiisuun gahee warra hubateeti.

Gilgaala 7

Gaaffilee armaan gadii dubbisarratti hundaa’uun filadhuu deebisi!

1. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu sirriidha?

a. Hojii mana keessaa uumamaaan dubartiif kenname.

b. Hojiin alaa uumamaan dhiiraaf kenname.

c. Dhiiraaf dubartiin uumamaan walqixa.

2. Qoqqoodinsi hojii walqixxummaa dhiiraafi dubartii _____.

a. dhugoomsa b. walitti fida c. haala

3. Gaheen koorniyaa lamaaniif qoodaman hundi isaanii aadaa hawaasa keessa jiran irratti hundaa’aniti.

a. Dhugaa b. Soba

4. Guddinni biyya tokkoo hirmaannaa eenyuutiin guddachuu danda’a?

a. Hirmaannaa dhiiraafi dubartootaa b. Hirmaannaa dhiiraatiin

c. Hirmaannaa dubartootaatiin

5. Hojiin kun kan dhiiraati yookiin kan dubartiiti jechuun maal agarsiisa?

a. walqixxummaa dhiiraafi dubartii b. qoqqoodiinsa dhiiraafi dubartii

Gilgaala 8

A Himoota armaan gadii tartiibessuun sirreessii barreessi.

1. Ciree qophaa'e waliin nyaatanii buna dhugu
2. Dachaasaan ganamaan ka'ee mana qulqulleessa
3. Itti aansuun ittoo hojjete, buna danfisa
4. Dhumarratti gara mana barumsaa deema
5. Maatii isaa hirribarraa dammaqsa

B. Himoota gilgaala 8A keessatti tartiibessuun sirreessiterratti hundaa'uun keeyyata gabaabaa tokko barreessi.

Dachaasaan ganamaan ka'ee mana qulqulleessa._____

_____

_____

_____

Barannoo Afur: Fayyadama jechootaa

Gilgaala 9

A. Caatoo armaan gadii jechoota ergisaa tekinoolojii waliin walqabatan haala fakkeenya siif kennameen guuti.



B. Gabatee armaan gadii jechoota ergisaa ta'aniinin guuti.

L.K	Jechoota ergisaa
1	Ispoortii

C. Jechoota ergisaa armaan olitti fayyadamuun himoota ijaari.

Fakkeenya

1. Afaan Oromoo sagantaa raadiyoon darbu dhaggeeffachuun natti tola.

2._____

3. _____

4._____

5._____

Barannoo Shan: Seer-luga

Gilgaala 10

Himoota armaan gadii keessatti kanneen jala sararaman qalbeeffadhu.

A. Simboon mana barumsaa deemte.

B. Kumarraan ciree isaa nyaate.

Himoota armaan olii keessatti kanneen jala sararaman gochimootadha. Gochima jechuun gochaan tokko raawwachuu isaa kan agarsiisudha.

A. Himoota armaan gadii keessaa gochimoota jala sarari.

1. Habiibaan xaafii bitte.
2. Nuyi laaqana nyaanne.
3. Barnoonni doofummaa balleessa.
4. Dura bu'aan barattoota isaa gorse.
5. Barsiisaan hojii manaa kenne.
6. Ispoortiin aadaa nama bashannansiisa.
7. Irreechi waqtii Arfaasaafi Birraa kabajama.
8. Dhibeen koronaa nama ajjeesa.
9. Nageenya biyyaa eeguun gahee nama hundaati.
10. Mana keessatti hojii walgargaaruun, barsiifata gaariidha.

B. Himoota armaan gadii keessaa gochimoota adda baasuun barreessi.

1. Isaan kaleessa galgala mana keenya dhufan.
2. Manni barumsaa keenya Fulbaana banama.
3. Barsiistonni mana barumsaa keenya guyyaa kaleessaa walgahii ta'aan.
4. Gammanneen hiriyoota ishee baay'ee jaalatti.
5. Sangaan harqoota cabse.
6. Aadaa Oromoo keessatti haawwonni Siinqee qabatu.

7. Lagni Dhidheessaa guute.

8. Marartuun kitaaba ishee dubbisti.

9. Abdiisaan hojii manaa Afaan Oromoo barreesse.

10. Ijoolleen Obbo Ayyuubii barumsaan ciccimoodha.

C. Gochimoota siif kennamanitti gargaaramuun himoota ijaari.

Deeman	**uffatte**	**galte**	**nyaate**	**fiigan**
dhugde	**baate**	**daawwatan**	**murte**	

1. Laliseen uffata aadaa uffatte.

2. _____

3. _____

4. _____

5. _____

6. _____

7. _____

8. _____

BOQONNAA SHAN: DAAWWANNAA

Kaayyoo: Xumura Boqonnaa Kanaatti:

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuun waa'ee iddoowwan daawwatamanii afaaniin gabaasta.
- Afee/dubbisa dhiyaatee dubbisuun ergaa isaa himta.
- Amaloota keeyyataa adda baasta.
- Jechoota baramoo (haaraa) fayyadamuun himoota ijaarta.
- Hima ijaaruu keessatti gochimootatti gargaaramta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1

Dubbisa dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii irratti yaada keessan waliif qoodaa.

1. Jecha hambaawwan jedhu dhageessee beektaa?

2. Hambaawwan seena qabeessa ta'e daawwattee beektaa? Yoo daawwattee jirta ta'e maal

3. maal fa'a akka daawwatte hiriyyoota keetitti himi.

4. Fakkii armaan gadiirraa Waan hubatte hiriyaa keetti himi.Fakkiin Holqa Soof Umar, Hora Harsadeefi Masaraan Abbaa Jifaar haakaafaman.

5. Hambaawwan biyya keenya keessa jiran keessaa daawwannaaf kan oolan isaan kam fa'a beekta?

Gilgaala 2

Dubbisa yeroo dhaggeeffattu hiika jechoota armaan gadii galumsa isaanirraa tilmaami.

1. dinqisiifatu
2. seena qabeessa
3. xiiqii
4. hambaawwan
5. martinuu

Gilgaala 3

Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii "Dhugaa" yookiin "Soba" jechuun deebisi.

1. Holqi Soof Umar Godina Arsii Aanaa Goorootti argama.
2. Masaraan Abbaa Jifaar Godina Jimmaatti argama.
3. Irreechi Hora Harsadee Irreecha yeroo birraati.
4. Oromiyaan hambaawwan daawwataman hedduu qabdi.

Barannoo Lama: Dubbisuufi Barreessuu

Gilgaala 4

Dubbisa osoo hin dubbisiin gaaffilee kanneen afaaniin deebisi.

1. Naannoo kee wantoonni daawwataman nijiru? Maal fa'i?
2. Wantoonni daawwataman faayidaa akkamii qabu?
3. Iddoowwan daawwannaa biyya keenyatti argaman keessaa kan beektu hiriyyaa keetti himi.

Madda Walaabuu

Uumamni kennaa Waaqaati; namtolchee miti. Kennaan uumaa kunneen Oromiyaa keessatti ni baay'atu. Akaakuufi bakki itti argamus adda adda. Nutti dhiyaatanii yookiin nurraa fagaatanii argamuu danda'u. Garuu, eessumattuu yoo argaman nama hawwachuun gahee taphatan qabu. Turistoonni itti yaa'uun dinqisiifatu; ittiin bohaaru. Uumama Oromiyaa keessatti argamuun dhimma kanaaf oolan keessaa Maddi Walaabuu isa tokko.

Maddi Walaabuu naannoo Oromiyaa Godina Baalee Aanaa Madda Walaabuutti argama. Bal'inni isaa gara wantaa shanii nita'a. Maddi Walaabuu kallattii maraan tulluuwwaniin kan marfame. Gama Kibba Bahaatiin Tulluu Faana Fardaatuu daangeessa. Dhagaawwan tulluu kanarratti argaman hedduu irratti fakkii yookiin boca faana fardaa fakkaatutu argama.Waan kan ta'eefis, maqaan kun akka baheef nihimama. Gama Kaaba Bahaatiin,Tulluu Dhagaa Tuulaa,Gama Kibbaatiin, Tulluu Dhaddacha Hiddaatiin daangeffama. Dhihaan immoo, Tulluu Hurruubaatu daangeessa.Tulluuwwan kunniinis akka dallaatti itti naanna'uun bareedinaafi simboo uumamaa itti uwwisanii jiru.

Maddi Walaabuu bu'uura falaasama amantii Oromooti. Maanguddoonni Oromoo, "Walaabu biyya supheen nama itti taate," jedhu. Dirree sana irrattii Odaa kudha tokkotu biqilee argama. Odaaleen kunniin Odaa Sunsumaa jedhamu. Burqaan Madda Walaabuu Odaa Sunsumaa kanneen jalaa madda tokko irraa karaa shananiin burqa. Bishaan isaas kan eebbiifame waan ta'eef, namni dhukkubsate yoo ittiin dhiqateefi dhuge nifayya jedhamee amanama.

Gilgaala 5

Dubbisa irratti hundaa'uun gaaffilee kanneen barreeffamaan deebisi.

1. Maddii Walaabuu godina kam keessatti argama?

2.Tulluuwwan Madda Walaabuu marsan kam fa'i?

Gilgaala 6

Dubbisicharratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii barreeffamaan deebisi.

1. Maddi Walaabuu maaliin beekama?
2. Tulluuwwan kanneen keessaa kan ati hin irraanfanne kami? Maaliif?
3. Walitti hidhannaan seenaa Uummata Oromoofi Madda Walaabuu maali?
4. Dubbisichi waa'ee maalii ibsa?

Yaadannoo

Amaloota Keeyyataa

Tokkummaa: Himoonni keeyyata tokko keessa jiran yaada tokko ibsu yoo ta'eedha. Walta'umsa: Himoonni keeyyata keessa jiran walqabatiinsa qabu yoo ta'eedha. Xiyyeeffannoo: Ergaa dabarsuu barbaadu xiyyeeffannoon isaanii yaada tokko ibsu yoo ta'eedha

Gilgaala 7

A.Himoota armaan gadii tartiibessii keeyyata barreessi.

1. Kanaafuu, daree ishee keessaa tokkoffaa baate.
2. Abbaa isheefi haadha ishees baay'ee jaallatti.
3. Mana barnootaatii yeroo galtus maatii ishee hojii gargaarti.
4. Hoj-manee ishees nihojjetti.
5. Boontuun barnoota isheen cimtuudha.
6. Namoonni ganda ishees baay'ee jaallatu.
7. Gorsa barsiisaan ishee gorsu nifudhatti.

B. Boontuun barnoota isheen cimtuudha. Abbaa isheefi haadha ishees baay'ee

_____

_____

_____

C. Keeyyata armaan olitti ijaarte irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.

1. Keeyyatichi yaada tokko ibsaa?
2. Xiyyeeffanoon isaa waa'ee eenyuti?
3. Himoonni keeyyaticha keessa jiran walqabatiinsa qabuu?

Barannoo Sadi: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8

Jechoota kennaman keessaa filuun bakka duwwaa himoota armaan gadii guutuu taasisi.

Siidaa	Masaraa	Hambaawwan	Holqa	Kunuunsuu

1. _____ riqicha addunyaa kaleessaatiifi kan har'aa walqabsiisudha.
2. _____ Kumsaa Morodaa Magaalaa Naqamteetti argama.
3. _____ Onismoos Nasiib eessatti argama?
4. _____ Soof Umar Godina Baalee, Aanaa Goorootti argama.
5. Dhaloonni ammaa hambaawwan kana _____n tursuu qaba.

Gilgaala 9

Dubbisa irratti hundaa'uun mata dureewwan armaan gadii jechoota galuu danda'an galchi.



Gilgaala 10

Jechoota armaan gadii faallaa isaanitiin walittii firoomsi.

A	B
1. haadha	a. ala
2. garaa	b. muraasa
3. dhiyoo	c. dureessa
4. ifa	d. abaarsa
5. keessa	e. quxusuu
6. hiyyeessa	f. jibba
7. baay'ee	g. dugda
8. hangafa	h.dukkana
9. jaalala	i. abbaa
10. eebba	j. fagoo

Gilgaala 11

Bakka duwwaa himoota armaan gadii jechoota kennamaniin guuti.

galaa	bashannana
sagalee	suuraa
mootummaa	guddinaaf
interneetii	daawwataman
qabeenya	oduu

1. Obbo Firoomsaan sirba dhaggeeffatee _____

2. Namni karaa fagoo deemu, nyaata dhabuu waan danda'uuf_____ qopheeffachuu qaba.

3. _____n loonii kan simbiraatiin addadha.

4. Daawwannaa yoo deeman hayyama malee _____ kaasuun dhorkaadha.

5. _____ raadiyoodhaan darbu irraa odeeffannoo hedduu arganna.

6. Odeeffannoo adda addaa _____ irraa argachuun nidanda'ama.

7. Seera _____n_ baasu kabajuun dirqama lammii hundaati.

8. Namni kamiyyuu_____ hojjechuu.

9. Oromiyaa keessatti wantoonni _____ hedduutu qaba.

10. Cimanii hojjennaan _____ hedduu horachuun nidanda'ama.

Gilgaala 12

Jechoota armaan gadii hiika isaanitiin walitti firoomsi.

A	B
1. dinqisiifachuu	a. iddoo
2. bashannanuu	b. daandii
3. madda	c. bohaaruu
4. hedduu	d. burqaa
5. bareedduu	e. marge
6. dachee	f. simbo qabeettii
7. bakka	g. ajaa'ibsiifachuu
8. biqile	h. dhibame
9. karaa	i. lafa
10. dhukkubsate	j. danuu

Barannoo Afur: Seerluga

Gilgaala 13

A. Bifa wantoota armaan gaditti tarreeffaman barreessi.

Fakkeenya. Gabatee gurraacha

1. Killee

2.Timaatima

3. Qullubbii

4. Boronqii

5. Jirbii

B. Wantoota dareefi naannoo keessanitti argaman keessaa kanneen bifa armaan gadii qaban barreessi.

Fakkeenya. Gurraacha gabatee, qalama, nama, cilee

Keelloo_____, _____, _____

Cuquliisa_____, _____, _____

Magariisa_____, _____, _____

Boora_____, _____, _____

Burree_____, _____, _____

Maqibsoota himoota armaan gadii keessatti gurraacheffamanii barreeffaman hubadhu.

1.Tolaan qotiyyoo **gurraacha** bite.

2. Mucaan sun barataa **colleedha**.

3. Isheen qalama **diimaa**tti gargaaramtee barreessiti.

Jechoonni himoota armaan olii keessatti gurraacheffamanii jiran maqibsa yoo ta'an, maqaa booda galuun maqaa sana kan ibsanidha. Hima 1ffaa keessatti gurraachi maqaa qotiyyoo jedhu ibse. Hima 2ffaa keessatti collee kan jedhu immoo maqaa barataa jedhu ibse. Hima 3ffaa keessatti maqibsiin diimaa yoo ta'u maqaa qalama jedhu ibse. Kanaafuu, maqibsiin maqaa kan ibsuudha.

C. Himoota armaan gadii keessatti maqibsoota jala sarari agarsiisi.

1. Xaafii diimaa gurgure.

2. Siifan bareedduudha.

3. Roobeen konkolaataa adii bitte.

4. Jamaal qarshii muraasa qaba.

5. Gaaddiseen bishaan qulqulluu dhugde.

6. Manni kun dhiphaadha.

7. Isaan uffata haaraa bitatan.

D. Himoota armaan gadii fakkeenya siif kennamerratti hundaa'uun jechoota maqaafi maqibsa ta'an adda baasii barreessi.

1. Gaaddiseen konkolaataa adii oofti



2. Abdiisaan uffata qulqulluu uffate.



3. Ijoolleen hedduun kubbaa taphachaa jiru.



E. Keeyyata armaan gaditti siif kennaman keessaa jechoota jala sararamaniif faallaa isaanii barreessi.

Lalisaafi Kumashiin barattoota kutaa afraffaati. Isaan lamaanuu amala gaarii qabu. Barumsa isaanitiinis cimoodha. Mana barumsaa yemmuu dhufan uffata qulqulluu uffatanii dhufu. Lalisaan gabaabaa furdaadha. Kumashiin immoo qal'oo dheertuudha.

1. gaarii
2. cimoo
3. qulqulluu
4. gabaabaa
5. furdaa
6. qal'oo
7. dheertuu

F. Jechoota armaan gadii walitti makuun himoota mataa keetii ijaari.

A. Qilleensa +gaarii

_____

B. Yaada + cimaa

_____

C. Bishaan + xuraawaa

_____

D. Lafa + magariisa

_____

E. Daraaraa + keelloo

_____

Gilgaala 14

Gaaffilee armaan gadii gochimoota sirrii ta'aniin guuti.

1. Beekaan qorraaf wayyaa _____. (bitatte,bitate)
2. Namni kamiyyuu walkabajuu_____. (qaba, qabdi)
3. Barsiistuun hojii manaa_____. (kenne, kennite)
4. Barattoonni Holqa Soof Umar_____ (daawwattan, daawwatan)
5. Asaantii, Galataafi Milkiin gaafa Dilbataa _____. (dhufan, dhufte)
6. Caalaan mucaa isaaf qeensa_____. (qore, qorre)
7. Barsiisaan barattoota isaa qormaata_____. (qoore, qore)